Ergaa Qulqulluu Paatriyaarkii

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Afuura Qulqulluu Waaqa tokko Ameen.

- Eebbifamoo Abbaa Yaareed itti gaafatamaa Mana Lubummaa Ol'aanaa fi phaaphaasii kutaa lallabaa Arsii
- Eebbifamoo abbaa Yooseef barreessaa Qulqulluu Sinoodoos fi phaaphaasii kutaa lallabaa Goojjaam Bahaa
- Eebbifamoota miseensota Qulqulluu Sinoodoos kan taatan phaaphaasonni
- Kabajamtoota itti gaafatamtoota hoggansoota fi jaarmiyaalee waajjira ol'aanaa teessoo paatriyaarkii
- Itti gaafatamtoota fi bakka buutota kutaalee lallabaa
- Itti gaafatamtoota Kawaalota fi Manneen Kiristaana Finfinnee
- Hirmaattotni yaa'ii kanaa kutaalee addunyaa adda addaa irraa dhuftan
- Walumaa galatti kabajamtootni yaa'ii walii gala fi idila addunyaa kanarratti hirmaachuuf kabajaan argamtan

Waqoyyo Gooftaan Kennaa arjummaa Isaa hin shallagamneen hojii ergama Duuka Bu'ummaa keenya isa darbe eebbisaa fi Qulqulleessee yaa'ii walii gala bara haaraa kanaan waan nugeesseef galatni Isaaf haa gahu.

<<አድኅነነ እግዚኦ አምላክነ፤
ወአስተጋብአነ እምአሕዛብ፤
ከመ ንግነይ ለስምከ ቅዱስ፤
ወከመ ንትመካሕ በስብሐቲከ፤
Yaa Waaqayyo Gooftaa keenya nufayyisi. Maqaa Kee Qulqulluu akka galateessinuuf; galata Kees abdii akka godhannu uummata alagaa keessaa walitti nuqabi.>> (Faar. 105:47)

Mootii fi Raajaa saba Israa'eel kan ture Qulqulluu Daawiit jecha Faaruu kanaa olitti caqasame Waaqayyoof yeroo dhiheessu, galmi isaa inni guddaan Waaqayyo galateessuu akka ta'e ni hubanna. Jechicha keessa akkuma ibsametti, kadhannaan mootichaa uummata isaa uummata alagaa keessaa akka walitti sassaabu fi Fayyisu Gooftaa Isaa Waaqayyoon kadhata.

Sababa kadhannaa kana dhiheesseef yeroo ibsu, uummanni tokkummaan Waaqayyo akka galateessu fi galata dhiheessan sanaaniis abdii akka horatan barbaaduurraa kan ka'e akka ta'e ibseera.

Haalli isaas uummataaf miira quuqamaa hammanaa qabaachuun hogganaa uummataa tokkorraa akka eeggamu yaadni ijoon isaa ni mul'isa.

Duraan dursee garuu, galata galchuufis Waaqeeffachuuf nageenyi uummataa akka barbaachisu; nageenya qafa osoo hin ta'in gar-tokkotti walitti qabamuun waan dursi itti kennamu akka ta'e Waaqayyoof akka garaa Isaa kan ta'e Qulqulluun Daawiit osoos hin ibsin hin dabarre. Dhugaa dha, bakka nageenyi uummataa hin eeggamnetti, qalbii tokkoon walitti qabamee jaalalaan fi tokkummaan yoo hin argamin; sirni galateeffannaas ta'e Waaqeeffachuun haalaan adeemsifamuu hin danda'u. Qulqulluun Daawiit barbaachisummaan waan kanaa Afuura Qulqulluudhaan waan galeefi dha "uummata alagaa keessaa nusassaabi/walitti nuqabi; nufayyisis. Sanaan boodaas maqaa Kee ni galateessina. Maqaa Keetiinis abdii horanna" jechaa kan Kadhate.

Qulqulluu Daawiit uummata Israa'eel inni bulchu fi hogganuu sanaaf Kadhachuu qofa osoo hin ta'in, isaaniif beenyaa ta'ee hanga du'aatti wareegama ta'uuf "**ምንተ ገብሩ እሉ አባግዕ ዘአነ ኖላዊሆሙ ዳዕሙ ለትረድ እዴከ ላዕሌየ ወላዕለ ቤተ አቡየ።** Tiksee isaanii kanan ta'e hoolonni kun maal godhan? Harki Kee anarra fi mana abbaa koorra haa taatu malee." jechuudhaan mootii Waaqa Isaa kan Kadhate akka ta'es Kitaabni Qulqulluu dhugaa nuuf baha.

- Eebbifamoota miseensota Qulqulluu Sinoodoos kan taatan phaaphaasonni
- Kabajamtoota irmaattota yaa'ii kanaa

Quuqamni fi ga'uumsi Qulqulluu Daawiit hamma warwwgamummaatti isa geessu kun dhala namaa hundumaaf; keessattuu hoggantoota Mana Kiristaanaaf gar-malee barbaachisa. Uummanni Qulqulluu Daawiitiin hogganaman kanaaf walitti qabamuun fi Fayyuun akkuma isaaniif barbaachise; har'as uummata walitti qabamuu, tokko ta'uu fi Fayyuu qabu baay'ee qabna. Uummanni nuyi hogganaa jirru kun maqaa Isaatiin akka amananiif fi maqaa Isaa akka galateessaniif Fayyina isaaniif hundi keenya Waaqayyootti ol Kadhachuufi qabna. Tokkummaan akka walitti qabamaniif illee barsiisuu, gorsuu, walitti araarsuu fi akka walitti galan gochuu qabna.

Manni Kiristaanaa Qulqulleettiin nageenya uummata bala'aaf Kadhachuu, barsiisuu fi gorsuun ergama ol'aanaa Waaqayyoo irraa fudhatte ta'uu isaa irraa kan ka'e dalaga ishee adda durummaan dalgdu ta'us; keessattuu tibba amma keessa jirru kanatti daran kadhannaan, barsiisuun fi gorsuun yeroo itti jabaachuu qabdu akka ta'e ni hubanna. Biyyi keenya har'a abdii fi sodaa giddutti dhisamtee itti argamtu fi caasaan giddu gala Mana Kiristaanaa keenyaas yeroo qormaanni gareewwan adda addaadhaan itti raafamaa jiru dha. Tibba rakkisaa kanatti Manni Kiristaana keenya tooftaa fi ogummaa obsaan deeggarame fayyadamtee ijoollee ishee gara tokkotti walitti qabdee hojii hundaa'ol ta'e gootee fudhachuun isheerraa eeggama.

Eebbifamoota phaaohaasota, kabajamtoota hirmaattota yaa'ii kanaa; Mana Kiristaana keenyaaf Kennaa namoota walitti bu'an wal araarsuu, barsiisuu, gorsuu fi walitti qabuu kan

raawwattu isa tokko ofitti qabuun kaan immoo ofirraa qabuun, isa tokko deeggaruun isa kaan immoo busheessuun osoo hin ta'in, hundumtuu ijoollee ishee waan ta'aniif wal-qixxummaan, tokkummaan, jaalalaan fi bilisa ta'uudhaan ta'uu akka qabu dagatamuu hin qabu.

Manni Kiristaanaa keenya Qulqulleettiin wantoota siyaasawaa irraa bilisa taatee hojii ishee akka itti fuuftu gochuun gahee hunduma keenyaa, jechuunis; hoggantoota Mana Kiristaanaa, tajaajiltootaa fi qacaramtootaati. Ta'us, sagalee Waaqayyoo bu'uura godhattee waa'ee nageenya fi wal-qixxummaa dhala namaa akkasumas nagaa fi tokkummaa bal'inaan barsiisuu akka qabdu irraanfachuu hin qabnu. Miirri walii galtee dhabiinsi biyya keenya keessattui mul'achaa jiru kun sababoota lamaan akka ta'e ni mul'ata. Kunis, gama tokkoon soda wal-qoqqoodiinsaa kan ittisu yeroo ta'u, gama biraatin immoo soda dhabiinsa walqixxummaa ittisuu ta hubatama. Soda kochoowwa lamaanii yaadachuun maaliif barbaachise jechuu baannuus; akka waan soda qoricha hin qabnetti hammana wal-shakkuun fi walirraa fagaachuun waan barbaachisu ta'ee hin mul'atu.

Sababni isaas, qorichi furaan sodaa kanaa namni hundumtuu akkuma irratti amanu; wal-qixxummaa tokkummaa waliin; tokkummaas wal-qixxummaa waliin wal-simsiisuun qabachuu akka ta'e kan wal-mormisiisu waan hin taaneefi. Lammiileen Itiyoophiyaas kana dagachuu hin qaban. Uummannis kanarratti bal'inaan yaaduutu irraa eeggama

- Eebbifamoota miseensota Qulqulluu Sinoodoos kan taatan phaaphaasonni
- Kabajamtootni hirmaattonni yaa'ichaa

Kaayyoon *Yaa'ii Lallabaa* luboota, amantoota fi dargaggoota caasaa seeraa tokkoon gurmeessee amantaa barsiisuu, babal'isuu fi eegsisuu akkasumas qabeenya fi karra Mana Kiristaanaa bulchiinsa giddu galaa Qulqulluu Sinoodoosiin seera fi qajeelfamaan too'achaa dhimma Mana Kiristaanaaf oolchuu dha. kanaan ala eessayyuu yoomiyyuu haa ta'u; caasaa Mana Kiristaanaa eegee karri fi qabeenyi maqaa isheetiin walitti qabamu hundi hojimaata beekkamtii fi eegumsa ishee jala oolee hojiirra hin oolle hidda isaa dheereeffachaa yoo deeme, tokkummaan Mana Kiristaanaa qormaata keessa bu'uun isaa waanuma hin oolle dha.

Miirri saamicha qabeenya Mana Kiristaanaa yeroo ammaa kanatti Mana Kiristaanaa keenya keessatti babal'achaa jiru inni tokko isa kaan dhalaa deemee har'a mana lubummaa keenya dhaabna hamma jedhamutti gaheera.

Sababni gaaffiin kun ka'uu danda'eef, Dhugumaan Manni Kiristaanaan Itiyoophiyaa keessatti bakka isheen waajjira Mana Lubummaa itti hin dhaabne jiraateetii? Ijoolleen ishee Kiristaanoonni afaan dhalootaa isaaniin akka hin baranne dhoowwatteetii? Dhoowwachuu dhiisnee, kitaabicha hiiktee fi maxxansitee raabsuu dhiisteettii? Kun hundi gonkumaa dhara.

Haa ta'u malee, haqni kanaan duuba jiru jiru garuu adda. Ilaalcha faayinaansii giddu galaa Mana Kiristaanaarraa ala gareewwan maqaa Mana Kiristaanaatiin human horatan jiraachuun isaanii waan beekkamuuf; nuyis haaluma wal-fakkaatuun mana lubummaa adda ta'e hundeessinee qabeenya haa horannu dha gaaffiin isaa. Yaaliin kun diinagdee Mana Kiristaanaa kan laamsheessu fi tokkumma ishees rakkoo keessa buusuuf kan yaalu waan ta'eef, garri hundumtuu 'keenya' waan jedhu dhiisee hawwii qajeelaa 'Mana Kiristaanaa keenyaaf' yaad-rimee jedhu haa qabaatu. Hundumtuu casaa giddu galaa Mana Kiristaanaa tokkittii jala hammatamuun gaaffii isaanii karaa heera fi seera qabeessa ta'een dhiheessuu ni danda'u. Gaaffiin ilaalcha gaarii irraa madde, Mana Kiristaanaa kan fayyadu, heera fi seera kan eege fi caasaa isaa kan eeggate amantootni keenya qabaannaan abbootni Mana Kiristaanaa sababa isaan hin keessummeessineef hin qaban.

Kanaan ala garuu, wal-taajjabsiisuun alatti yeroo dheeraa fudhachuu danda'a malee galmaan hin gahu. Qulqulluu Sinoodoosis akkuma Waaqayyo Mooticha Daawiit irra bulee dubbate uummaticha walitti qabuufi malee jechoota nama burjaajeessaniin uummata isaa gareen qooduudhaan akka ijaaruuf hin uumamne waan ta'eef, dogongorri seenaa fi amantaa akka uumamne of-eeguutu nurraa eegama. Ergamni fi kaayyoon yaa'ii lallabaas miilkaa'uu kan danda'u, qabeenyi fi maallaqni maqaa Mana Kiristaanaatiin sassaabamu kamiyyuu hojimaata Manni Kiristaanaa mirkaneessiteen fi beekkamtii itti kenniteen akkasumas bifa hojimaata Afuuraawaa fi hawaasummaa; amantaawaa fi haala seera fi heera isaa eegeen; diinagdee fi bulchiinsaadhaan malee, qabeenya Mana Kiristaanaa saamuuf hawwuu irraa kan ka'e gareewwan yeroo fi bakka adda addaatti hundeeffamaniin lallaba 'isiniif beekna' jedhuun miti. Kanaafuu, yaa'iin ijoon kun yaada kana xiyyeeffannaa guddaadhaan akka ilaaluuf ergaa abbaa dabarsina.

Dhumarrattis;

Yaa'iin walii-galaa fi ijoon kun tokkummaa Mana Kiristaanaa keenya kan eegsisu, bulchiinsa guddugalaa qabeenya fi maallaqaa ishee kan eegsisu dha waan ta'eef, yaa'ii ijoo fi ol'aanaa nageenyi fi misoomni biyya keenyaa, walqixxummaa fi tokkummaan uummata keenyaa akkasumas, tokkummaa fi qabeenya fi maallaqa isheetiin fayyadamuu Mana Kiristaanaa keenyaa ittiin ragga'uu kan danda'u akkuma ta'e, gochoota kana gad-fageenyaan ilaaluun fi seera eegsisuun bara bajataa kanatti cimee akka hojjetamu yaadachiisaa, ergaa Abbaa ni dabarsina. Yaa'iin Afuuraa walii galaa kan lallabaa idila addunyaa kunis banamuu isaa ibsuu barbaanna. Yaa'ii gaarii, Qulquluu fi eebbifamaa nuuf haa ta'u.

Waaqayyo Itiyoophiyaa fi uummata ishee haa eebbisu.

Waaqayyoof galatni haa ta'u.

Amen.

Abbaa Maatiyaas dursaa Paatriyaarkii
Duree Phaaphaasota Itiyoophiyaa
Phaaphaasii Akusim Muudamaa (ዕፁጌ) teessoo Takla Haaymaanoot
Bara Araaraa (B.A.) Onkololeessa 5/2012
Finfinnee, Itiyoophiyaa